A BAAFATA

Labsii lakk. 1223/2012 A.L.I

Labsii Misooma, Bulchiinsaa Fi Itti Fayyadama Sulula Hawaasaa…Fuula12,733

LABSII LAKK. 1223/2012A.L.I

Labsii Misooma, Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Sulula Hawaasaa

Manca'insa naannoo fi hir'acha demmuu qabeenya uumamaa ittisuu, heddummina lubbu qabeeyyii eeguu,qabeenya bishaanii gabbisuufi gadhiisii gaazoota ho'ina ukkamsanii qabatanii hir'isudhaan fi dandeettii oomishtummaa lafaa eeguun dhaloota dhufuuf akka darbu fi kanaanis haala mijataa misooma midhanii fi beeyladaaf uumuu waan barbaachiseef;

Oomishaa fi omishtummaa bultoota, horsiisee bultootaa fi gariinhorsiisee bultoota akka dabalu taasisuun wabii nyaataa mirkaneesuufi carraa hojii uumuuf haala mijataa umuuf akka danda'amu hojiiwwan misma sululaa Kanaan dura jalqabaman ittifufisisuun barbaachisaa ta'ee waan argamef.

Hojiiwwan misma sululaa waggoota darban keessatti hojjetamaa turan humna namaa olaanaa fi baasiin maallaqaa guddaan itti bahee akka misooman yoo godhame iyyuu itti fufiinsa isaanii mirkaneessuuf itti fayyadamtootni sululaamiira abbummaatiin ofitti fudhatanii haaala qabeenya uumama wal harkaa fuudhuun bulchuu, itti fayyadamuu fi eeguuf sirna itti gaafatamummaa diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Itti fayyadamtonni sulula hawaasaa qabeenya misoomsan bulchuu, itti fayyadamuu fi eeguun itti fayyadamummaa diinagdee fi hawaasummaa isaanii gama hundaan mirkaneessuun humna isaanii guddisuun waan barbaachiseef ;

Bu'uura heera mootummaa Rippaabilika Diimokiraatawaa Federaalaa Itiyoophiyaa keewwata 55(1) fi (2) (a) tiin akka armaan gadiitti labsameera.

## KUTAA TOKKO

## TUMAALEE WALIIGALAA

### 1. MATA DUREE GABAABAA

Labsiin kun labsii misooma , Bulchiinsaa Fi Itti Fayyadama sulula Hawaasaa Lakk. 1223/2012 jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. HIIKA

Akkaataa fayyadama jechichaaisaa  hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee labsIi kana keessaatti;

1/  ”Waldaa hojii gamtaa itti fayyadamtoota  sulula  hawaasaa” jechuun Namoota Sulula hawaasaa bulchuu,eeguu fi itti fayyadamuufqajeeltowwan waldaa hojii gamtaa irratti hundaa’uun fedhii isaaniitiin kan gurmaa’an, abbaa qabeenyummaa walootiin kan bulchan fi karaa dimookiraatawaa  ta’een kan gaggeeffamu waldaa of danda’ee qaama seerummaa qabudha.

2/ Sulula hawaasaa’’ jechuun NannooDaangaa Kallattii yaa’insa bishaan lafa gubbaa fi lafa jalaa kan of keessatti hamate ta’ee, sulula hawaasaa ba’inni lafa isaa hektaara  500 kan hin caalledha.

3/ ’’Misooma Sulua hawaasaa’’  jechuun qabeenya biyyee,bishaanii fi biqituuwwan daangaa sulula hawaasaa keessatti argaman eeguu fi oomishtummaa isaa guddisuuf hojiiwwan gargaara qindeessuun wal simsiisee raawwachuu jechuudha..

4/ ’’Itti Fayyadamtoota Sulula  hawaasaa’’ jechuun  Kutaalee hawaasaa waldaan gurmaa’aniis ta’e osoo hin gurmaa’in sababa sululli sun  misoomeef qabeenya uumamu karaa kallaattinis ta’e al-kallattiin fayyadaman jechuudha.

5. ’’Qabiyyee waloo’’ jechuunlafa baadiyaa motummaadhaan jiraattota naannoof kenname ta’ee daanga suluulaa keessaatti lafaa hawassaani waliigalteedhanbulchuu lafa dhuunfaan, dhaabbilee fi jaarmiyaalee mootummaa fi miti mootummaatiin hin qabamne fi jiraattonni naannoo sanaa qabiyyee lafa waliinii irratti bafaataan hojiiwwan qabeenya uumamaa adda addaa hojechuun misoomsanii akka itti fayyadamanidha.

6. ‘’Qabiyyee  Dhuunfaa ‘’ jechuun Lafa qonnaan bultootaan, horsiise bultootaa fi gariin horsiisee bultootaan  yookiin namoota biroo mirgi seeraan kennameefiin qabamee dha.

7. ‘’Qabiyyee mootummaa’’ jechuun lafa mootummaa Federaalaa yookiin naannoottin daangeeffamee qabamee fi gara fuula duraatti lafa daangeffamu kan ibsu yoo ta’u, lafoota bosonaa, bakkee eegumsa bineensota bosonaa, lafa qonnaalee mootummaa, lafoota albuudaa, lageewwanii fi lafa biroo ni hammata.

8. ‘’Kutaalee hawaasaa xiyyeeffannoo addaa barbaadan’’ jechuun kutaalee hawaasaa sababa hawaasummaan, fayyaan yookiin diinagdeen mirga isaanii gaafachuu fi argachuuf rakkoo isaanitti ta’e kan akka dubartootaa, qaama miidhamtootaa, daa’immanii,maanguddootaa fi kan kana fakkaatan dha.

9. ‘’Hirmaannaa’’jechuun Namootaqabeenyota murtiidhaan furmaata argachuu danda’an keessatti mirga hirmaachuu qaban jechuu dha.

10.’’Koodii Addaa’’ jechuun Sulula hawaasaa xiqqaa tokko kan biro irraa addaa baasanii beekuu fi daangaalee bulchiinsa naannoo, godiinaa,fi aanaa akkasumas sulula guddaa waliin akkamitti akka walitti hidhamu agarsiisuuf sirna odeeffannoo teessuma lafaa (JIS) fi bakka argamiinsa koordineetii qindeessuun koodii addaa kennamu dha.

11.’’Labsii waldaalee hojii Gamtaa’’ jechuun labsii waladaalee hojii gamtaa lakk. 985/2009 dha.

12” Naannoo” jechuun Heera Mootummaa Rippaabilika Dimokiraatawaa Federaalaa Itiyoophiyaa keewwata 47(1) irratti kan ibsame naannoo kamiyyuu yoo ta’u, Bulchiinsa Mgaalaa Addis Ababaa fi Dirre Dawaa ni dabalata.

13”Ministira yookiin Ministeera” jechuun Ministira yookiin Ministeera Qonnaa jechuu dha.

14”Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuu dha.

15”Labsii kana keessatti saala dhiiraatiin kan tumame saala dubartiis ni tajaajila.

3. DAANGAA RAAWWATIINSAA

Labsiin kun sululahawaasaa biyyattii keessatti argaman irratti raawwatiinsa ni qabaata.

4.KAAYYOOWWAN LABSICHAA

Labsiin kun kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata;

1) Manca'iinsa naannoo fi dhumuu qabeenya uumamaa ittisuudhaan, heddummina lubbu qabeeyyii eeguun, qabeenya bishaanii guddisuu fi gadi dhiisii gaasiiwwan ho'insa ukkaamsanii qabanxiqqeessuun, saaxilamummaa hawaasni gogiinsaaf qabu hir'isuu fi dandamachuu danda'u isaa dabaluu;

2) Omishaa fi omishtummaa qonnaan bultootaa fi horsiise bultootaa guddisuun;misooma, eegumsaa fi itti fayyadama sulula hawaasaa akka guddatu gochuu akkasumas wabii nyaataa mirkaneessuu fi haala mijataa carraa hojii uummuu,

3) Itti fayyadamtoonni sulula hawaasaa qabeenya uumamaa miira abbummaatiin misoomsuu, eeguu, bulchuu fi itti fayyadamuu, kanaaf sirna diriirsuu, dandeettii waliigalaa fayyadamtoota sulula hawaasaa guddisuu

KUTAA LAMA

**Waa'ee misooma fi karooraa Sululaa**

5. GOSOOTA Sululaa

1) Akka labsii kanaatiin Suulawwan beekamtii argatan Sulula hawaasaa fi Suula guddaa sadarkaa aanaatti adda bahudha,

2) Bal'inni Sulula Hawaasaa yookiin Sulula guddaa yookiin daangaa teessuma lafaa kamiyyuu qabeenyi uumamaa naannoo daangeffame keessatti argamu waliin ta'uun karaa gahuumsa qabuun akka misoomuu fi kununfamuuf mijataa yookiin madaalawaa ta'ee kan daangeffame ta'uu qaba.

6. SUULA HAWAASAA

1) Giddugaleessaan bal’inni sulula hawaasaa hektaara 500 yoo ta’u, haala teessuma lafaa ykn kaayyoo misooma suluaa sanaarratti hundaa’uun hammi isaa dabaluu ykn hir’achuu ni danda’a.

2) Bali’inni Suua hawaasaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumame yo jiraates, Sululli hawaasaa hektaara 500 kan caalu yoo ta’e akkaataa mijataa ta’een sulula sana qoqqoduun misoomsuu fi kununsuun ni danda’ama.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame jiraatus bal’inni suulaa sababa qoqqoodinsatiin uumame hektaara 200 gadi ta’uu hin danda’u.

7. SULULA GUDDAA

1) Sululli guddaan walitti qabama suula hawaasaa yoo ta’u bal’inni isaa hanga hektaara kuma 20 gahuu danda’a.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jaatti kan tumame jiraatus, haala teessuma lafa naannoo sanaa yookiin bulchiinsa isaatiif haala mijataa uumuuf hangi isaa ol yookiin gadi bu’uu danda’a.

3)Sululli gurguddoon lageen gurguddoo aanicha keessa jiran irratti hundaa’uun qoodamu.

4) Sululli hawaasaa Sulula guddicha irraa adda ba’an misoomsuuf kutaa suula gubbaa irraa eegaluun tartiibaan gadi bu’uun barbaachisaadha.

5) Tumaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti tumame akkuma eegametti ta’ee, sadarkaa manca’iinsa sulula hawaasaa mataa gadii fi cinaa cinaatti argaman,humna namaa fi qabeenya argamu ilaalcha keessa galchuun sululawwan misoomuu qaban adda baasuun dursi ni kennama.

8. QOPHII KAROORA SULULA HAWAASAA

1) Qophiin karoora sulula hawaasaa qajeelfama hirmaannaa kan hordofe ta’uu qaba.

2) Naannoolee sirni karoora itti fayyadama lafaa diriiree jiruu fi yeroo karoorri itti fayyadama lafaa qaama dhimmi ilaallatuun raggaasifamee jiru keessatti karoora sulula hawaasaakanuma ka’uumsa godhachuutu irra jiraata. .

3) Qaamoleen suula hawaasaa misoomsan dursanii karoora suula hawaasaa qopheessuu qabu.

4) / Karoorri ka'umsaa misooma sulula hawaasaa waldaan hojii gamtaa osoo hin hundeeffamin dura kan qophaa'u yoo ta'u, koreen hundeessituu waldaa hojii gamtaa itti fayyadamtoota sulula hawaasaa gurmeessuu cinaatti deeggarsa waajjira qonnaa dhimmi ilaallatuun karoorri qophaa'uu qaba.

5) Hojiiwwan karoora karoorfame keessatti hammataman manca'iinsa naannoo fi dhumuu qabeenya uumamaa kanittisuu, qabeenya bishaanii guddisuu fi gadi lakkifamuu gaasii ho'insa ukkaamsanii qaban hir'isuun dandeettii oomishaa lafaa guddisuu kan danda'an ta'uu qaba,

6) Misoomni hawaasaa yeroo karoorfamu, sululicha hunda misoomsuuf qophii dandeessisu gochuun kutaan tokkoo misoomee kutaan biro osoo hin misoomin akka hin hafneef of eeggannoo barbaachisaan godhamuu qaba.

7) Suulli guddichi walitti qabama sulula hawaasaa waan ta'eef hojiirra olmaa karora mismaaf akka tolutti akka barbaachisummaa isaatti haala bal'ina sulula hawaasaatiin qoqqodamee qophaa'uun irra jiraata.

8) Daangaan bulchiinsaa fi sulula uumamaa wajjin kan wal hin simne yoo ta'ee

Karoorri sulula hawaasaairratti qohaa'u daangaa suua hawaasaa hordofuun kan qhaa'uyero ta'u hawaasa itti fayyadamtoota sulula hawaasa hunda kan hirmaachise ta'uu qaba.

9) Qophiin karoora misooma suula hawaasaa qajeelfama qajeeltoo itti fufiinsa naannoo fi hawaasummaa hordofe ta'uu qaba.

10) Suulli hawaasaa tokko karoora yeroo dheeraa waggaa 5 hanga 10 kaartaadhaan deeggarame qabaachuu qaba.

11) Tumaaaleen Keewwata kana keewwata xiqqaa (9) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, sululli hawaasaa karoora yeroo dheeraa isaanii irratti hundaa'uun karoorri waggaa qohaa'uufi qaba.

12) Karoorri sulula hawaasaa karoora tarsiimoo master watershed biyyoolessaa qopheessuuf qaama seeraan hayyamameen karoora bahe irratti hundaa'uu qaba.

13) Karoorriwaldaa hojii gamtaan itti fayyadamtota sulula hawaasaatiin qophaa’e daangaa aanaa tokkoo kan darbu yoo ta’e, karoorichi aanaaee isaan ilaallatu hundaaf dhiyaatee waliigaltee waajjira qonnaa aanaalee sanaan raggasisuu qabu.

14) Sululoonni hawaasa naannoonaannootti adda baafamanii fi sululoonni gurguddoon adeemsa kenniinsa koodii addaa biyyoolessaa hordofuun koodiin addaa kennamuufii qaba.

9. MISOOMA SULULA HAWAASAA

1) Hojiiwwan misooma sulula hawaasaa kutaa gara olii irraa eegalee gara kutaa sulula hawaasaa gara gadiitti bu’uu qaba.
Misoomni yaa’aa bishaan hawaasaa hojiiwwan kutaa gubbaa irraa eegalee gara kutaa gaditti kan ce’an ta’a.

2) Tekinoolojiiwwan Misooma sulula hawaasaaf mijataa ta’an filachuun sirnaan hojiirra oolchuun barbachisaa dha.

3) Suulawwan hawaasaaittifayyadamtoota sulula hawaasaatiin, pirojektoota dhaabbilee mootummaa ykn miti mootummaatiin ykn namoota dhuunfaatiin misoomuu ni danda’u.
4) Karoorri sulula hawaasaa bakka garaagarummaan sulula uumamaa fi daangaa bulchiinsaa jiru irra yoo oole karoorri sun daangaa bulchiinsaa hordofee hojiirra kan oolu ta’a.
5) Hojiiwwan misooma sululaa keessatti ilbiisotaa fi dhukkuboota to’achuuf maloonni ittisaa qindaawaan hojiirra ni oolcha.

6) Misoomsitoonni sulula hawaasaa xaa’oo namtolchee ykn galtee keemikaalaa kamiyyuu itti fayyadaman mootummaaykn dhaabbilee hayyama seeraa qaban qofa irraa argatan ta’a.
7) Qorichi ilbiisaakamiyyuu yeroo hojiirra oolu horsiisa kaannisaa , midhaanii fi naannoo irratti miidhaa akka hin geessisneef qaamni seera qabeessa qoricha raabsu beekumsa gahaa fayyadamtoota keemikaala sanaaf kennuu qaba,biifaan osoo hin gaggeeffamiin dura horsiistota kaannisaaf tarkaanfiiwwan akeekkachiisaa dursanii raawwatamuu qabu.

8)Keewwata kana keewwata xiqqaa (7) jalatti kan tumaalee akkuma eegametti ta,ee, keemikaalonni tokko tokko summii cimaa qabaachuu isaanii irraa kan ka'e miidhaa isaan biqiltoota fi naannoon irratti geessisan ol'aanaa waan ta'eef gargaarsa ogeessaatiin biifamuu ykn itti dhiyeenyaan hordoffii cimaataasisuun hojiirra akka oolan gochuu fi hafteewwan isaanii dhabamsiisuuf akkaataa Seera Eegumsa Naannootiin hayyamameen of eegganotiin raawwatamu godhamuu qaba

9) Galtewwan sulula hawaasaa keessatti fayidaa irra oolan sadarkaa isaanii kan eeggatanii fi yeroon itti fayyadama isaa kan hin dabarre ta'uu qaba.

10) Itti fayyadamtoonni sulula hawaasaa galtee qonnaa uumamaa akka fayyadamaniif ni jajjabeeffamu.

## KUTAA SADII

## WAA'EE HUNDEEFFAMA WALDAA HOJII GAMTAA ITTI FAYYADAMTOOTA SULULA HAAWAASA

### 10. WAA'EE HUNDEEFFAMA WALDAA HOJII GAMTAA

1) Tumaaleen labsii waldaalee hojii gamtaa akkuma eegametti ta'ee tumaaleen kutaa sadii keessatti tumaman raawwatiinsa ni qabaatu.

2) Waldaan hojii gamtaa bu'uuraa akkaataa bal'ina ykn daangaa sulula hawaasaatiin hundaa'uu qaba. Haa ta'u malee, daangaan sulula hawaasaa fi bulchiinsaa gargar yoo ta'e waldichi daangaa aanaa ihordofuun gurmaa'uu qaba. Bal'inni isaa akka gaariitti murtaa'eera tarreeffamni isaa dambiitiin murtaa'a.

3) Yuuniyeeniin waldaalee hojii gamtaa itti fayyadamtoota misoomasulula hawaasaa daangaawwan bulchiinsa godinaa hordofuun kan hundeeffamu yoo ta'u, godina tokko keessatti yuuniyeenii waldaan hojii gamtaa itti fayyadamtoota misooma sulula hawaasaa hojii walfakkaatu hojjetu tokkoo ol jiraachuu hin danda'u.

4) Federeshiniin waldaa hojii gamtaa fayyadamtoota misooma sulula hawaasaa daangaa bulchiinsa naannoo hordofuun kan hundeeffamu yoo ta'u, naannoo tokko keessatti federeeshinii waldaa gamtaa hojii wal fakkaatuhojjetu tokkoo ol jiraachuu hin danda'u.

5) Federeeshiniin Waldaa Hojii Gamtaa Misooma sulula Hawaasaa sadarkaa biyyaatti akka barbaachisummaa isaatti gurmaa'uu ni danda'a.

6) Danbiin bulmaataa fi hundeeffama waldichaa sululicha abbummaan qabatanii attamitti akka misoomsan,bulchan, eeganii fi itti fayyadaman bal'naan kan tumamu ta'ee hawaasni itti fayyadamu irratti marii'atee kan irratti walii gale ta'uu qaba.

7) Waldaaleen Hojii Gamtaa itti Fayyadamtoota sulula Hawaasaa ulaagaalee barbaachisoo ta'an guuttatee dhiyaachuun, akkaataa Labsii Waldaalee Hojii Gamtaatiin qaama aangoon kennameefii irraa qaama seeraa ni argatu

8) Maallaqa gurgurtaabu'aa qabeenya uumamaa kanneen akka margaa, bosonaa fi bu'aalee bosona ykn obu'aalee qabeenya uumamaa kana fakkaatan gosan ykn maallaqaan gurguramee qarshii argame irraa miseensotaaf kan qoodamuu fi kaayyoo misooma sulula sanaaf hangi qarshii maqaa waldaatiin herrega baankii baname keessa taa'uu qabu dambii ittiin bulmaata waldaatiin ni murtaa'a.

11 WAA'EE MISEENSOTA ITTI FAYYADAMTOOTA WALDAASULULAA

Lammiileen Itiyoophiyaa ulaagaa armaan gadii keessaa tokko guutan labsii kanaan miseensa Waldaa Hojii Gamtaa itti Fayyadamtootasulula hawaasaa mirga qabu

1) Daangaa sulula keessatti qabiyyee lafaa kan qabanii fi galii kana irraa argamuun kan jiraatan;

2) Daangaa sululaa keessaa qabiyyee lafaa yoo hin qabaannellee, jiraattota naannoo sanaa ta'uu irraa kan ka'e itti fayyadamtoota qabeenya uumamaa kan ta'an;

3) Namoota daangaa sululaa keessa hin jiraanne ta'uu baatus, garuu lafa kireeffatanii ykn karaa seera qabeessa birootiin sululawaliin kan hariiroo qaban;

4) Tumaaleen labsii waldaalee hojii gamtaa jiraatus, namoonni daangaa sulula hawaasaa keessaa qabiyyee lafaa qabanii fi umuriin isaanii waggaa 18 gadi ta'e karaa guddistoota isaaniitiin miseensa ta'anii galmaa'uu ni danda'u.

5) kutaaleen hawaasaa ilaalchi addaa ta'uufii qabu ulaagalee keewwata kana keessatti tumaman guutanii argaman miseensa waldaa hojii gamtichaa ta'uu fi fayidaawwan waldichi argamsiisu hirmaataa ta'uuf mirga guutuu qabu.

## 12. MISEENSOTA KABAJAA WALDAA ITTI FAYYADAMTOOTA SULULA HAWAASAA

1) Waldaan hojii gamtaa itti fayyaadamtoota sulula hawaasaa namoota dhuunfaa yokiin jaarmiyaalee yokiin dhaabbilee galma gahiinsa kaayyoo isaa deggaranii fi naannoo suluaa socho'an kallattiin sululairraa fayyadamoo osoo hin ta'iin akka miseensa kabajaatti fudhachuu ni danda'a.

2) Miseensonni kabajaa waldaa hojii gamtaa ittifayyadamtoota sulula hawaasaa keessatti mirga filachuus ta'e filatamuu yokiin dhimma kamiyyuu irratti sagalee kennuuf mirga hin qaban.

## 13. GA'EE FI ITTIGAAFATAMUMMAA MISEENSOTA KABAJAA

1) Miseensonni kabajaa kaka'umsa mataa isaaniitiin yokiin gaaffii koree hoji raawwachiiftuu waldaatiin, misoomaa fi qabeenyaa eegumsa uumamaa irratti tajaajila barnootaa fi gorsa ni kennu. Akkasumas gorsa ogummaa fi deggersa maallaqaa ni godhu.
2) Miseensonni kabajaa akkataa waamicha koreen hojii raawwachiiftuu waldaa HG sulula hawaasaa dhiyeesseen yaa'ii waliigalaa irratti hirmaachuun yaada ni kennu.

## 14.MIRGA MISEENSOTA WALDAA HOJII GAMTAA ITTI FAYYADAMTOOTA SULULA HAWAASAA

Tumaaleen labsii waldaalee hojii gamtaa akkuma eegametti ta'ee miseensi waldaa hojii gamtaa ittifayyadamtoota sulula hawaasaa ta'e kamiyyuu mirgoota armaan gadii ni qabata;

1) Tumaaleen labsii kana keewwata 23 fi24 akkuma eegametti ta’ee, qabeenya uumamaa sulula hawaasaa keessatti argamu dhuunfaan yokiin waloon itti fayyadamuu;

2) Waldicha jalatti akkaataa ogummaa fi fedhii isaaniitiin garee fayyadamtootaa uumuudhaanhaala sululicha hinmiineen hojiiwwan galii argamsiisan irratti bobba’uu

3) Akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqqaa (2)tiin hojiiwwan galii argamsiisan kanneen akka kaannisaahorsiisuu , aannaniifi oomishaalee aannani qopheessuu fi dhiyeessii, beeylada furdisuu, oomishaalee mukaa hin taane oomishuu fi dhiyeessuu, , kuduraalee fi muduraalee ommishuu fi dhiyeessuu,akkasumas haala sulula hawaasaa hin miineen hojiiwwan akka misooma nyaata beeyladaa ni dabalata;

4) Waltajjiiwwan hubannoo fi beekumsa uumuu, eegumsa misoomaa fi fayyadama yaa’aa bishaan haawaasaa ilaalchisee hirmaachuu.

**15.MRGA NAMOOTA MISEENSA WALDAA HOJII GAMTAA ITTI FAYYADAMTOOTA HAWAASAA HIN TAANEE**

1) Mirga qabeenya uumamaa qabiyyee waloo irratti hawaasaan,dhuunfaan ykn qaama seera qabeessa ta’en mirkanaa’e iraa fayyadamuu;

2) Miseensa ta’uuf ulaagaa barbaachisu yoo guutan yeroo kamiyyuu miseensa waldaa hojii gamtaa itti fayyadamtoota sulula hawaasaa ta’uu;

3) Waltajjiiwwan misooma, eegumsaa fi itti fayyadama sululahawaasaa ilaalchisee hubannoo fi beekumsa argamsiisan irratti hirmaachuu;

4) Sababa hojii waldichi misooma sululichaa waliin wal qabatu irraan kan ka’e qabiyyee dhuunfaa irratti miidhaa ga’u eeguuf;

**16. DIRQAMOOTA MISEENSOTA WALDAA HOJII GAMTAA ITTI FAYYADAMTOOTA SULULA HAWAASAA**

Namni kamiyyuu miseensa Waldaa Hojii Gamtaaitti  Fayyadamtootasulula Hawaasaa ta'e, dirqama labsii waldaalee hojii gamtaa keessatti tumame raawwachuunakkuma eegametti ta'ee dirqamoota  armaan gadii ni qabaata.

1) Hojii misooma qabeenya uumamaa sululaakeessatti gaggrrffamu irratti hirmaachuuf:

2) Qabeenya daangaa sulilaa keessatti misoomaa fi uumamaan argaman akka hin mancaane eeguu fi ittisuu;

3 )Kaffaltii miseensummaa akkaataa dambii ittiin bulmaataa waldichaatiin murtaa'en kaffaluuf, .

4) Akkaataa dambii ittiin bulmaata waldichaatiin marii qophii karooraa, hojii eegumsaa fi misoomaa, gumaacha humna gochuu dabalatee  osoo jireenya isaanii irratti dhiibbaa hin geessisin  dhuunfaan, gareedhaan yookiin waloon dammaqinaan hirmaachuu.

5) Bu'uuraalee misooma qabeenya uumamaa adda addaa suphaa barbaadan  suphamanii fayidaa kennuu akka itti fufaniif akkataa sagantaa waldichi baaseen  hojii  suphaa irratti bobba'uu.

6 Hojiiwwan lafa abbootii qabeenyaa dhuunfaa miseensa hin taane irratti miidhaa geessisuu danda'an raawwachuu dhiisuu.

17. DIRQAMOOTA NAMOOTA  MISEENSA WALDAA HOJII GAMTAA ITTI FAYYADAMTOOTA SULULA HAWAASAA HIN TAANEE

1) Qabeenya waloo irraa fayyadamtoota ta'uuf miseensota waldicha waliin hojjiiwwan misoomaa fi eegumsaa  irratti wal qixa hirmaannaa gochuu;

2) Hojiiwwan sululahawaasaa miidhuu danda'an raawwachuu  irraa of qusachuu;

3) Itti fayyadamni qabeenya uumamaa qabiyyeedhuunfaa isaanii keessa jiru fayyadamuun haalanageenya sulululichaa hin miinee fi manca'iinsa qabeenya uumamaa akka hin geessine of eeggannoo  gochuu;

4) Qabeenya bosona sululichaa fi naannoo sanaa irratti ibiddi yookiin balaan walfakkaataan yoo mudate hojii misoomaa fi eegumsaa waldichi raawwatu  irratti tumsuuf dirqama ni qabaatu..

18.  HAALA MISEENSUMMAAIRRAAGAGGEEFFAMUU

Namni miseensa waldaa hojii gamtaa sulula haawaasaa ta’e,labsiin waldaalee hojii gamtaa akkuma eegametti ta’ee, labsii kana keewwata 11 keessatti ulaagaalee tarreeffaman yeroo taa’e keesaa osoo hin guutin hafuun yoo mirkanaa’e miseensummaa irraa ni gaggeeffama.

19. GURMAA’INSA WALDICHAA

Waldichi gurmaa’insa armaan gadiitti ibsame ni qabaata;

1) Yaa’ii waliigalaa waldichaa
2) Koree hoji raawwachiiftuu
3) Akkaataa barbaachisummaa isaatti koreewwan xixiqqaa biroo

**20. Haala HARIIROO WALDICHI QAAMOLEE BIROO WALIIN QABTUU**

1) Bulchiinsa gandaa waliin hariiroo kallattii uumuun deggersa barbaachisaa argachuu ni danda’a.

2) Kaayyoo waldichaa dhugoomsuuf kan gargaarandhaabbileemootummaa yookiin miti mootummaayookiin waldaalee biroo waliin waliigaltee uumuun ni danda’a.

3) Hojii murta’aa tokko kaffaltiin yookiin kaffaltii malee raawwachuuf qaamolee adda addaa waliin waliigaltee uumuu ni danda’a.

KUTAA AFUR

EEGUMSA, BULCHIINSAA FI ITTI FAYYADAMA SULULA HAWAASAA

21. HOJIIWWAN MISOOMAA SULULAA EEGU, BULCHUU FI ITTI FAYYADAMAMUU

1) Mirgaa fi dirqama abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee tumaalee seerotni biroon akkuma eegametti ta’ee, abbaan qabeenyaa dhuunfaa yookiin waloosulula keessa jiru kamiyyuu, haala teessuma uumama lafichaatiinhojiiwwan eegumsa biyyee fi bishaanii hojjechuu fi kunuunsuu akkasumas suphuun dhiqama biyyee eeguudhaan gabbina biyyee eeguuf dirqama ni qaba

2) Abbaan qabiyyee waloo yookiin dhuunfaa kamiyyuu:-

a) Hojiwwan misoomaa sululaa keessatti hojjetaman irratti miidhaa akka hin geessisneef bobba’iinsa beeylada gadi gadhiisii ta’an to’achuu fi eeguuf ittigafatamummaa qaba.

b) Sulullicha keessatti daangaa qabiyyee lafaisaa , ooyiruu keessattii fi qarqara daandii irratti mukkeenbosonaa fi biqiltoota nyaata horiif oolan dhaabuun, kunuunsuu fi eeguun fayyummaa fi lalisummaa naannoo eeguuf dirqama ni qabaata;

c) Laggeen, haroowwan, burqaawwan, boolla bishaanii, fi lafti bishaaniin guutame sulula keessatti kan argamu yoo ta'e, sababa fayyadamaa fi qabiinsa dhabeef miidhaan akka irra hin geenyeef akkaataa haala qabatamaa naannoo sanaatiin seera qaama aangoon kennameefi baaseen irraa fageenya gahaa ta'e hambisuuf dirqama qaba.

d) Qabiyyeewwan sulula keessatti argaman irratti lolaan bishaani humnaa ol ta'e yoo mudate kunis ooyiruu ollaa biroo irratti miidhaa akka hin geessifneef lolaa bakka biroo irraa dhufu of bira dabarsuun gara yaa'a lolaa nam-tolchee yookiin dhangala'aa uumamaatti akka dhangala'u gochuuf dirqama qaba.

e)Abbaan qabeenyaa daangaa sululaa keessatti argamu dirqama keewwata kana keewwata xiqqaa (2) d jalatti kenname ba'uudhaaf dandeettii isaa ol ta'ee rakkinni kan mudatu yoo ta'e, dhaabbata qabeenya uumamaa dhimmi ilaallatuu fi waldicha beeksisuu qaba;

f) Qabiyyee lafaa isaa sulula keessatti argamu irratti yookiin daangaa isaa irratti gosa biqiltootaa fi bosonaa misoomsaan sababa gaaddisaa fi copha isaaniitiin omisha midhaanii fi mirgoota biroo qabiyyee olla irra jiru kan miidhu ta'uu hin qabu.

g) ) Karoorri itti fayyadama lafaa qaama dhimmi ilaallatuun raggaasifame sululicha keessa yoo jiraate akkaataa karoorfameen lafa misoomsuu fi kunuunsuuf dirqama ni qabaata;

h) Ibiddi sulula keessatti akka hin kaaneef of tarkaanfii eeggannoo barbaachisaa ta'e gochuuf dirqama ni qaba;

i) Hojiiwwan eegumsa omisha midhaanii raawwachuu irraa kan hafe ooyiruuwwan isaasulula hawaasaa keessatti argaman keessatti bineensonni bosonaa fi allaattiwwan naannoo gad lakkisanii akka hin deemne of eeggannoo gochuuf dirqama qaba.

j) Qabiyyee lafaa isaa sulula keessatti argaman keessatti mukeen bosonaa, nyaata horii fi biqiloota gosoota adda addaa dhaabamanii fi kununfamanii guddachaa jiran itti fayyadama isaa ilaalchisee seerota itti fayyadama misooma bosonaa, eegumsaa fi haala seerota biroo fudhatama qaban bu'ureeffachuun hojiirra ooluu qaba.

22 WAA’EEITTI FAYYADAMA MUKAA, MUKAA HIN TAANE BU’AAWWAN BOSONAA FI MARGAA

1) Namoonni daangaa sululaa keessaatti qabeenya dhuunfaa ykn walootti  fayyadamuuf mirga qaban qabiyyeewwan kana irratti kan dhaabanii fi kan misoomsan muka gogaa, muka, biqiltuu xixiqqaa, margaa , fi oomisha bosona muka hin taane fayyadamuuf mirga qabu.

2) Keewwata kan keewwata xiqqaa (1)n  abbaa qabiyyee  caqasamanii ala daangaa sululaa keessatti  kan argaman  muka gogaa, muka, mukeen adda addaa, muka kan hin taane bu’aa bosonaa yookiin margi kamiyyuu, qabeenya waliinii miseensa waldichaa waan ta’eef bu’uura dambii keessaa waldichaatiin muramee, haamamee fi walitti qabuun itti fayyadamuun ni danda’ama.

3) Dhiyeessiin itti fayyadama qabeenyawwan Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2)n eeraman karaa itti fufiinsa qabuun  sirnaan eeguuf kan dandeessisu raawwachuutu irra jiraata.

23.  WAA’EE ITTI FAYYADAMA DHAGAA FI CIRRACHA SULULA KEESSATTI ARGAMANI

Bu’uura labsii hojiiwwan albuudaatiinmirgaa fi dirqamni qaamota duraan hojiiwwan albuudaa oomishuu irratti  bobba’ani akkuma eegametti ta’ee;

1)Akka Labsii kana keewwata 25 (1)n qabiyyeewwan eeraman irratti kan argaman cirrachaa fi dhagaa bu’uura seera hojiiwwan albuudaatiin eeguu fi ittigaafatamummaan fayyadamuun abbaa qabiyyeewwanii ni ta’a.

2) Dhagaa fi cirrachidaangaa sululaa keessatti  hammatamanii fi qabiyyee waloo yookiin qabiyyee mootummaa  irratti  argaman bu’uura seera hojiiwwan albuudaatiinmisooma sulula hawasaatiif  itti fayyadamuu ni danda’u.

3)Tumaalee  keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) yoo jiraatanis, dhiyeessii dhagaa fi cirrachaa karaa itti fufiinsa qabuun itti fayyadamuu fi eeguu akka danda’an dhiqama biyyee fi miidhama naannoo akka hin geessifne of eeggannoo gochuutu irra jiraata.

24.WAA’EE ITTI  FAYYADAMA  QABEENYA  SULULA HAWAASAA KEESSATTI ARGAMUU

Iiti fayyadamni qabeenya bishaanii sulula hawaasaa keessatti argamu bu’uura seerri bulchiinsa qabeenya bishaanii  heyyamuun kan raawatamu ta’a.

25.WAA’EE SIRNA KAFFALTII TAJAAJILA IKOO

1) Qaamooleen sababa misoomu sulula hawaasaatiin fayyadamoo ta’an misooma sulula hawaasichaaf kaffaltii tajaajila sirna ikoo kaffaluuf dirqama qabu.

2) Bu’uura tumaalee keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kaffaltiin bishaanii wajjin wal qabtu Kaffaltii tajaajila Sirna ikkoo bu’uura seera bulchiinsa qabeenya bishaaniitiin kan raawwatu ta’a.

**26. BEENYAA MIIDHAA SIRNA IKOO**

Sababa Ijaarsa bu’uuraalee misoomaatiin yookiin hojiwwan birootiin fayyadamtoota sulula hawaasaa irratti yookiin itti fayyadamtoota sulula hawaasaa irratti qaamonni midhaan geessisan miidhaa geessisaniif bu’uura seera qabeessa ta’een beenyaa madalawaa kaffaluu fi naannoo sana gara duraan tureetti deebisuuf dirqama ni qabaatu.

KUTAA SHAN

DHIMMOOTA BIROO SULULA HAWAASICHA ILAALLATAN

27. WAL-HARKAA FUUDHINSA HOJIIWWAN SULULAA XUMURAMANI

1) Abbaan qabiyyee waloo ykndhuunfaa kamiyyuu hojiwwan misooma sululaaofii Isaatiin, hawaasaan , waldaa yookiin dhaabbilee mootummaa yookiin miti mootummaan raawwataman lakkaa’ee fuudhuu qaba.

2) Qaamni aanaa dhimmi isa ilaallatu hojiwwaan misoomaa hojjetaman yeroo wal-harkaa fuudhiinsi adeemsifamu qulqullinni isaanii kan eegame akka ta’e mirkaneessuu qaba.

28.WAA’EEONNACHIIFTUU

1) Aanichi hojiiwwan misoomaa fi eegumsa biyyeef bishaanii dhuunfaanis ta’e waloon sulula hawaasaa keessatti hojjetaman supheefiseeraankunuunsuun abbaa qabiyyee bu’aa ol’aanaan galmeessiseef sirna badhaasaa oonnachiiftuu fi beekamtii ittiin kennu ni diriirsa.

2) Aanichi waldaalee aanicha keessaa hojii misoomaa sululaa fooyya’aa raawwateef sirna badhaasa onnachiiftuu fi beekamtii itti kennamu ni diriirsa.

29. WAA’EE KUTAALEE HAWAASAAXIYYEEFFANNOO ADDAA BARBAADANII FI SIRNA KOORNIYAA

1) Adeemsa bulchiinsaa fi itti fayyadama sululaa kamiyyuu keessatti facaatin koorniyaa madaalawaa ta’e jiraachuu qaba.

2)Kutaaleen hawaasaa xiyyeeffannoo addaa isaan barbaachisuu fi dubartootni, hanga dandeettii fi ogummaanisaanii eeyyamuttihojiiwwan misooma sululaa kamirrattuu walqixa himaachuu fimirgi fayyadamaa ta’uu isaanii ni kennamaaf.

KUTAA JA’A

TUMAALEE ADDA ADDAA

**30. ITTIGAAFATAMUMMAA MANA HOJII MINISTEERICHAA**

1) Labsii kana hojiirra oolchuuf dhaabbilee dhimmi ilaallatu qindeessuu fi deeggarsa ogummaa barbaachisaa ta’e kennuuf itti gaafatamummaa qaba.

2) Sirna waljijjiirraa odeeffannoo bulchiinsaa fi itti fayyadama misooma sululaa bulchiinsa naannolee fi mootummaa federaalaa gidduutti akka diriiru ni taasisa.

**31) ITTIGAAFATAMUMMAA NAANNOLEE**

1) Naannoleen labsii kanaa fi seerota biroo bulchiinsa fi itti fayyadama sululaa, akkasumas seerota ijaarsa fi gurmaa’ina waldaa irratti hubannoo uumuu fi waldaaleen akka hundeeffaman dadammaqsuu fi seerota hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu.

2)Labsii kanaa fi labsii kana hojiirra oolchuuf dambii bahan hordofuun tartiiba raawwii qajeelfama hojii ni baasu

32**. ITTIGAAFATAMUMMA FI GA’EE HOJII WAAJJIRA QONNAA**

Waajjirri qonnaa misooma eegumsaa fi bulchiinsa sulula hawaasaa ilaalchisee ittigaafatamummaa fi ga’ee hojii armaan gadiitti eeraman qabu.

1) Qophii karoora misooma sulula hawaasaa ni deggera. kan qopha’an qoratee ni mirkaneessa.

2) Bulchiinsaa fi itti fayyadama misooma sululaani deggera, ni geggeessa, ni hordofa.

3) Miseensotni waldaa hojii gamtaa sulula hawaasaa garee itti fayyadamtootaa hundeessuun hojii galii argamsiisaan irratti akka bobba’an ni deggera,ni hordofa, ni to’ata.

4) Bal’ina Sulula guddaa fi sulula hawaasaa haala teessuma lafaa bu’uura godhachuun ni murteessa.

5) Mana hojii waldaa hojii gamtaagurmeessu ilaallatu waliin ta’uun koreen hundeessituuwaldaa hojii gamtaa itti fayyadamtoota sulula hawasaa akka hundeeffamu taasisa.

**33 .ITTIGAAFATAMUMMAA FI GAHEE HOJII EJENSII BABAL’INA WALDAA HOJII GAMTAA**

Hojii fi itti gaafatamummaan qaama waldaalee hojii gamtaa gurmeessuuf hayyamameef akkaataa labsii waldaalee hojii gamtaatiin ta’a.

34.WAA’EE BALLEESSAA FI ADABBII

1) Raawwii Labsii kanaatiin walqabatee yakkoota raawwataman irratti adabbiin seera yakkaa fi seerota birootiin tumame raawwatiinsa ni qabaata

2) Dirqamoota labsii kana keessatti tumaman ba’uu dhiisuun adabbiin bulchiinsa hordofsiisan dambii labsicha raawwachiisuuf ba’an keessatti murta’a.

35. TUMAALEE CE’UMSAA

1) Labsiin kun osoo hin ba’in dura waldaan hojii gamtaa misooma sulula hawaasaa hundeeffaman labsii kun mirkanaa’ee waggaa tokko keessatti bu’uura labsii kanaan sirreeffama barbaachisaa gochuun waldaa hojii gamtaa sulula hawaasaa ta’anii galmaa’uu qabu.

2) Adeemsa kanaan dura tureenlabsiin kun osoo hin bahin koreewwan sululaa hundeeffamanii jiran labsiin kun bahuu isaa hordofee koreen hoji raawwachiiftuutiin hanga bakka bu’utti fudhatama ni qabaata.

36. AANGOO DAMBII BAASUU

Raawwii labsii kanaatiif Manni Maree Ministeerotaa dambii ni baasa.

37. SEEROTA RAAWWATIINSA HIN QABAANNE

Seerri, dambiin, qajeelfamni yookiin hojimaatni tumaalee

labsii kanaan kan wal hin simine, dhimmoota labsii kanaan tumaman irratti raawwatiinsa hin qaban.

38. YEROO LABSICHI HOJIIRRA OOLU

Labsiin kun guyyaa Gaazexaa Nagarita Federaalaan maxxanfamee ba'ee kaasee hojiirra kan oolu ta'a.

ADDIS ABABAA
HAGAYYA 19/ BARA 2012

SAAYILEWARQ ZAWUDEE

PIRESIDAANTII RIPPAABILIKA
DIIMKIRAATAWAA FEDERAALAA
ITIYOOPHIYAA